*Oromo / Afaan Oromo*

imha independent mental health advocacy

# Mirga kee beeki, dubbadhu

**Fulbaana (September) 2023**

Falmaan Bilisaa Fayyaa Mataa (IMHA) mirga kee akka beektuu fi akka dubbattuuf si gargaara. IMHA tajaajila falmaa bilisaa fi hiccitiin isaa eegame namoota inni gargaarus:

- Namoota wallaansa dirqamaan (compulsory treatment) fudahtaa jiran.
- Ykn namoota wallaansa dirqamaa fudhataa jiran irraa yaaddoo qaban.

IMHA tajaajila Gargaarsa Seeraa Victoria (Victoria Legal Aid) irraa kennamuu dha garuu tajaajila kan dhimma seeraa miti. IMHA Tajaajila fayyaa mataa bilisa tahee dha.

## Si qunnamna

Ful-baana (September) 1 bara 2023 irraa qabee ***(Seer-labsiin Fayyaa fi Nagahooma Mataa 2022 (Vic) (Mental Health and Wellbeing Act 2022 (Vic)*** kan jedhu yeroo ati wallaansa dirqamaa fudhattu wanneen furtuu tahan irratti ni beeksifna. Galmee (document) kana keessaa waa'ee isaa caalaatti baruuf **'IMHA yoom beeksifama?' ('When will IMHA be notified?')** kan jedhu ilaali.

Yoo ati akka hin barbaadne nutti himte malee nuti si qunnamna. Yeroo si qunnamnu, maal akka godhnu waan sitti himnuuf yoo tajaajila keenya ni barbaadda tahe murteessatuu dandeessa. Akka nuti si qunnamne nutti himuuf waraqaa kana bakka 'Akka si hin qunnamne nutti himi' (Tell us not to contact you') jedhu ilaali.

## Nu qunnamuu dandeessa

Yoo amma wallaansa dirqamaa (compulsory treatment) fudhataa hin jirtu tahee garuu wallaansa dirqamaa fudhatuuf yaaddoo qabaatte amma illee tajaajila IMHA argatuu dandeessa. Waan quba nu hin qabaachisneef kallattiin nu qunnamuu si barbaachisa. 1300 947 820, irratti nutti bilbiluu, mar-sariitii (website) www.imha.vic.gov.au, ilaaluu ykn email kara imhacontact@imha.vic.gov.au nutti erguu dandeessa.

Sababootni beekamoon kan namootni wallaansa dirqamaa fudhatuu yaaddoo qabaataniif, warra si wallaanaa jiran diduu akka hin dandeenye yoo sitti dhagahama tahe, ykn yoo didde dirqamaan wallaansa siif kennina jedhanii yoo sitti dubbatan tahee dha.

## IMHA akkamiin akka si gargaaru

Si gargaaruu dandeenya akka ati:

- odeeffannoo waa'ee qorannaa fayyaa, wallaansa, kunuunsaa fi fayyiinsa kee akka hubattu
- qorannaa fayyaa, wallaansaa fi kuunsa kee irratti akka murteessattu
- mirga kee akka hubattuu fi shaakaltu
- maal akka caalaatti filannoo kee tahe akka himattu
- nama si gargaara kennatuu akka dandeessu
- wallaanaa sammuu (psychiatric) lammaffaa irraa yaada argatuu akka dandeessu
- gorsa seeraa argattuuf
- dhadacha (Tribunal) Fayyaa Mataatti iyyatuuf

- akkaataa sirna tajaajila fayyaa mataa fi nagahoomaa hubatuu fi argatuu akka dandeessuuf
- tajaajilaa wanneen biroo dhimma fayyaa mataa fi nagahoomaa irratti murtii, ilaalchaa fi filannoo kee ibsatuu akka dandeessuuf
- komii kee akka dhiheessattuuf.

Nama afaan siif hiiku siif qindeessina. Akkasumas Tajaajila Afaan Hiikkaa fi Jijjiirraa (Translating and Interpreting Service) 131 450 irratti bilbiltee akka gara keenyatti si dabarsan gaafatuu dandeessa.

IMHA dhimma fayyaa mataa fi nagahooma kee ilaalchisee hayyama keetiin bakka si bu'ee yaada kee ibsuu danda'a.

IMHA kan siif falmu:

- kara ati naaf wayya jedhteen siif falma
- hayyama kee malee tarkaanfii hin fudhatu
- yoo umriin kee waggaa 16 ol taate waan fedhii kee ti jedhamee kan namni biroon murteesseen hin gaggeessamu. Yoo umriin kee waggaa 15 fi sanaa gadi tahe IMHA yaada kee ni ibsa, fedhiin kee akka siif eegamuuf maatii, kunuunsitoota (carers) fi gargaartota kee waliin hojjeta.

## Akka nuti si hin qunnamne nutti himuuf

Odeeffannoo waa'ee ibsu yoo nuuf kennite akkasiin nutis adda baafannee:

- si qunnamuu hin yaallu, akkasumas
- odeeffannoo waa'ee wallaansa dirqamaa kee of biraa qabnu ni haqna (delete).

Odeeffannoon ati nuuf kennitu hojjetoota keenyaan qabamee eegama. Odeeffannoon matayaa (personal) fi dhimma dhuunfaa (privacy) akkaataa nuti itti eegnu baruuf as ilaaluu dandeessa. https://www.imha.vic.gov.au/how-we-handle-personal-information

Akka nuti si hin quunamne nutti himuuf:

- bilbili 03 9093 3701
- korboo (form) guutuuf as ilaali www.imha.vic.gov.au/optout
- korboo (form) itti aanu guutii kara email imhaadmin@imha.vic.gov.au ergi ykn kara mana postaa itti aanu kanaa ergi:

Independent Mental Health Advocacy
GPO Box 4380
Melbourne VIC 3001

- email kanaan imhaadmin@imha.vic.gov.au ibsa hayyama kee fi odeeffannoo kee nuuf ergi.

Hojjetaan keenya ykn namni si gargaaru akka korboo (form) kana si gargaaranii ergan gaafadhu.

Ani, ____________________________ yoo ani wallaansa dirqamaa jala jiraadhu ykn dhimma kanaan wal qabatu barbaachisaa keessa jira tahe akka IMHA ana qunnamu **hin** barbaadu. Odeeffannoo kan biroo waa'ee wallaansa dirqamaa kiyya ilaalchisee kan IMHA of biraa qabu akka haqu (delete) nan hubadha.

Guyyaa dhalootaa: ___________________

Mallattoo: ___________________

Guyyaa: ___________________

Lakoysa Addaa Beekamtii (State-wide UR Number (SWURN): ___________________

Lakoysi addaa (unique number) kun kan namootni tajaajila wallaansa fayyaa mataa argataniif kennamuu dha. Si tahuu sirriitti adda baafatuuf lakoysa kana gargaaramna. Yoo lakoysa SWURN hin beektu tahe tajaajila fayyaa mataa fi nagahoomaa kee gaafatuu dandeessa, ykn odeeffannoo isaa eenyuun akka gaafattu IMHA gaafadhu.

Lakoysa bilbilaa: ___________________

Imeelii (Emai)l: ___________________

Teessoo (Address): ___________________

Ganda/magaalaa: ___________________

Koodii poostaa (Postcode): ___________________

Yoo booda irra yaada kee jijjiirtee yeoo wallaansa dirqamaa fudhataa jirtutti IMHA qunnamuu barbaadde, kan ati godhchuu dandeessu:

- bilbili1300 947 820
- email imhacontact@imha.vic.gov.au
- mar-sariitii keenya ilaali www.imha.vic.gov.au

## IMHA yoom quba qabaachisama?

IMHA kan quba qabaachisamu yoo ati:

- ajaja wallaansa kan yeroo, ykn ajaja wallaansaa, kan qorannoo (forensic) ykn nageenyaa (security) jala jiraatte
- qunnamtiin ati kaan waliin qabaattu yoo daandgeeffame (restricted) tahe
- ajajni wallaansa kan yeroo, ykn ajaja wallaansaa kan ati mana yaalaa fi manatti argattu ykn manaa fi mana yaalaatti argattu adda adda yoo taheef
- ajajni wallaansa kan yeroo, ykn ajaja wallaansaa kee yoo dhorkame ykn haqame (cancelled) tahe
- Baallamni Himannaa Dhadacha Fayyaa Mataa (Mental Health Tribunal) siif qabamee jira yoo tahe
- yoo qoqqobbii akkaan jabaa (restrictive intervention) si irra gahaa jira tahe, kan akka namatti akka hin dabalamne eegamuu, ykn qaamaan (physically) ykn keemikaalaan (chemically) hidhamuu si irra gahaa jira yoo tahe
- yoo ajajni bakki ati tajaajila fayyaa mataa argattu kan bakka birootti si dabarsan waliin gara garummaa qaba tahe.

Yoo ati dhukubsataa tika jala jiruu taate, IMHA kan quba qabaachisamu yoo:

- ati tajaajila fayyaa mataa argataa jirta tahe, ykn bakka birootti kan si dabarsan tahe

- mana hidhaatti kan si deebisan yoo tahe.

Yoo ati dhukkubsataa qorannoo (a forensic patient) taate, IMHA kan beeksifamu yoo:

- ati bakka tajaajila fayyaa mataa kan birootti dabarsamte, kunis yoo Gurmuun Bobbaasa Qorannoo (Forensic Leave Panel) raggaasise (approves) ykn qaama seeraa aboo itti qabu malee yoo dabarsamte
- wallaanaan mataa kee (psychiatrist) ykn Itti-mataan wallansa mataa (Chief psychiatrist) akka ati bakka tajaajila fayyaa mataa argattu kan birootti dabartuuf qajeelche
- Kunuunis qorannoo (Forensicare) kan hojii irra oolu yeroo Dhadachi Fayyaa Mataa (Mental Health Tribunal) ajaja itti siqeenyaan hordofamu kennuu fi yoom akka ajajni kun raawatamu murteessee dha.

## IMHA akkamiin akka qunnamtuu fi caalaatti baruuf

- Mar-sariitii keenya www.imha.vic.gov.au ilaali ykn kanaan imeelii ergi imhacontact@imha.vic.gov.au
- Toora bilbilaa IMHA 1300 947 820, bilbili hojjetootni IMHA (guyyaa ayyaanaa – public holidays) irraa kan hafe ganama sa'aa 9:30 gn (9:30 am) – galgala sa'aa 4:30 wb (4:30 pm) ni jiran.
- Mirga kee bifa waraabbiidhaan jiru dhaggeeffatuuf toora bilbilaa sirrii 1800 959 353 tirratti bilbilii dhaggeeffadhu.
- IMHA qunnamuu akka si gargaaraniif tajaajila fayyaa mataa, kunuunsota kee ykn namoota kan biroo si gargaaran gaafadhu.
- Yoo waa'ee IMHA ilaalchisee yaada kennuu barbaadde ykn komii yoo qabaatte, nu qunnami ykn mar-sariitii (website) keenya irra bakka yaada kennuu (feedback section) jedhu ilaali.
- Afaan hiikaa tolaa argachuuf 131 450 bilbilii akka isaan 1300 947 820 rratti nuuf bilbilan gaafadhu.